# Guyyaan SBO Kabajame

(Oromiannews, 16 Waxabajjii 2013) Guyyaan SBO itti hundeeffame, waggaan 25ffaa, magaalaa Melbourne keessatti haala hoo'aadhaan kabajame; SBO jabeessuuf kan oolu gargaarsi maallaqaas walitti qabamee jira.




Guyyaa hundeeffama SBO kan wagga 25ffaa sababeeffachuun qophii qophaa'e irratti akka ibsametti Waxabajjii 15, bara 1988 kan jalqabe SBO waggoota 25n darbaniif qabsoo Bilisummaa Oromoo keessatti shoora guddaa gumaachaa jira.

Sirna baniinsaa akka aadaa Oromootti eebba maanguddootiin eegalame kana irratti miseesnsi Gumii Sabaa ABO fi gaafatamaan birkii beeksisii fi odeessii alaa Jaal Gaashuu Lammeessaa dubbii dhageessisan keessatti SBOn sagalee tokkicha yeroo dheeraaf dhiibaa fi ukkaamsaa garboonfataa saaxiluun akka ummati Oromoo bakkayyuutti mirga isaatiif falamatu taasisaa jiru ta'uu addeessan.

SBOn waggoota 25n darban keessatti sagalee ummata Oromoo ta'uun cinattis dhiibbaa mootummaa dargii fi wayyaanee dandamatee qabsoo bilisummaa keessatti sagalee gahee guddaa gumaachaa jiru ta'uu J/Gaashuun dabalanii  ibsanii jiru.



Guyyaa kana sababbeeffachuun qophii Magaalaa Melbourne keessatti Sanbata kaleessaa qophaa'e irratti caalbaasii mallattoo fi asxaa SBO fi Alaabaa ABO qabu kan koreen ayyaanichaa dhiyeessitee fi gumaata godhame irraa galiin argamee SBO gargaaruuf akka oolu godhamee jira.



Yeroo ammaa kanatti SBOn Dilbataa fi Wixata ganama sa'aa 8:30 irraa hanga sa'aa 9:00tti akkasumas galgala sa'aa 5:30 hanga 6:00 meter bandii 31, 41 fi 49 irratti Afaan Oromoon dabraa jira.

Akkasumas, Jimaata ganama sa'aa 8:30 hanga 9:00 akkasumas galgala sa'aa 5:30 hanga 6:00 Afaan Amaaraan dabraa jira.

Kana malees, Dilbata galgala sa'aa 8:00 hanga 9:00 Afaan Oromoo qofaan, Roobii galgala sa'aa 8:00 hanga 8:30 Afaan Oromoon, 8:30 hanga sa'aa 9:00 Afaan Amaaraan meter bandii 22, khz 13830 irratti dabraa jira.

SBO interneta irraa dhaggeeffachuu kanneen barbaadanis marsaa ABO http://oromoliberationfront.org jedhu irraa dhaggeeffachuun nidanda'an.

SBO yerooo duraatiif bara 1988, Waxabajjii 15, kan jalqabe, sagalee qabsoo Oromoo ti.